

Caamsaa 21, 2011 iraa maal barachuu dandeenya?

Ji'oottan heedduudhaaf, barsiis ni "Raadiyoo Faamili" akkaataa hirreega jaraatti olbutamuun waldaa kiristaanaa fi guyyaan firdii gaafa Sanbata duraa Caamsaa 21, 2011 akka jalqabamu barsiisaa turaniiru.



Kiristaanonni heedduun kan yeroo h undumaa raadiyoo kana dhaggeeffattan biyya lafaa irra bakka

adda addaa kan jiraatan guyyaa kana baay'ee itti dhimmanii ilaalaa turan. kiristaanota warri hin ta'in illee guyyaan firdii dhiyaachuu isaa akka baay'ee sodaataa fi yaada'aa turan jireecha jaraas Gooftaa Yesusitti akka dabarsaa turan dhaga'eera. Kaan garaa jaraa kan qopheessaa turan tarii tilmaammiin kun dhugaa ta'uu danda'a jechuu irraa kan ka'edha. Deebiin kee maal ture? Jimaata galgala gaafa Caamsaa 20 gara ciisichaa oggaa deemtu sammuu kee keessa maaltu darbe?

Qopheessittonni fi qindeessitoonni oduu kan biyya lafaa amma waanta ittiin qoosan fi baacan haaraa argataniiru. Egaa deebiin kee maal? Gara ceephoo akkasiitti galuun salphaadha, garuu is asana gochuu keen dura, is asana calaqqisiisuudhaaf yeroo muraasa fudhatanii itti yaaduun barbaachisaadha. Ceephoo kan biyya lafaa kana kan hin fakkaanne, nuyi kiristaanonni abdiwwan Gooftaa Yesus baay'ee itti dhimminee fudhanna. Inni "Mana abbaa koo keessa iddoon jireenyaa baay'eetu jira... iddoo jiru sana isiniif qopheessuudhaaf nan deema. Yommuun dhagee iddoo sana isiniif qopheessus, iddoodhuma ani jiru isnis akka jiraattaniif deebi'ee dhufetan gara ofii kootiitti isin fudhadha" (Yohannis 14:2-3) jedhe. Jarri kan qoosanii fi ceepha'an Kiristos akka deebi'ee dhufu waan hinamanneedhaaf. Garuu anii fi ati Isa ni amanna deebi'ee dhufuu isaas eegaa jirra, akkas mitiiree?

Ergamaan Phaawloos akkas jechuun ifa taasisa: Nuyi amma dubbii gooftaa keessaa waan arganne isinitti himuuf jenna; nuyi warra gaafa gooftaan deebi'ee dhufu utuu hin du'in jirru, warra obbaafatan dura hin buunu, sagaleen angafa ergamootaa ni dhagaa'ama, malakanni Waaqayyos ni afuufama. Kana hundumaa wajjin gooftaan waaqa irraa gad in bu'a; warri Kiristoosiitti amananii du'an dura inkaafamu. Kana boodde nuyi warri utuu hin du'in hafne immoo, isaanumaa wajjin qilleensa keessatti, gooftaa simachuudhaaf

duumessa keessa olhin beutamna ergasii yeroo hundumaa gooftaa bira ni jiraanna" (1 Teseloonqee. 4:15-17). Abdiin kun, kaan kan akka waraabbi olbutamuu waldaatti fudhatan ciminaan sagalee Waaqayyoo keessatti kan hundaa'eedha. Gooftaan utuu gaafa Sanbata duraa sana dhufeera ta'ee lubbuu kee irratti maaltu ta'a ture? Guyyichi waan dinqisiisa ta'ee hafa, garu deebi'uun isaa sirriidha. Qophoofneerraa?



Akka kootti beeksisa Caamsaa 21, kan irraa kan baratamuu qabu barumsi muraasni ni jiraata: Ani raajiiwwan Macaafa Qulqulluu fulduraa kan guyyaa, bakkawwanii fi maqoolii irratti kan raajamanu itti fufeen morma yookiin hin fudhadhu. Sun yoo of eeggannoodhaan hin fudhatamne an karaa iraa baduufan jira. barsiisoni koo kanan jaaladhu, dhabbiileen kiristaanaa kan addunyaa yookiin sochiiwwan waldaa gurguddoon tarii eebbaaf jecha sagalee Waaqayyoo yeroo hundumaa barsiisuu danda'u, garuu Waaqayyoo inni kun kan jarri barsiisan yookiin hojjetan hundumaatiif sirrii akka ta'an waabdii hin kennu. Haa ta'u malee yerootti gargaaramuuf, ani obboolota koo warra Beeriyaa akka fakkeenyaatti fudhachuun qaba, jarreen "waan dubbatame kun dhugaa ta'uu isaa baruudhaaf, guyyuma guyyaatti macaafota qulqulluu in qoru turan." (Hojii Ergamootaa 17:11). Torbee darbe waldaa keenya keessatti, obboolota keenya guutummaa biyya lafaa irra jiraatan kan abdi jaraa Caamsaa 21 irra kaa'atanii turan amma garuu kan bitaa isaanitti galee abdi isaanii kutataniif kadhachaatti turre.

Waaqayyoo garaa jaraa eeguu danda'a. innis mataa jaraa gad deebisuudhaan dogoggora jaraa hubachuudhaan karaa shaakala kanaa guddachuu danda'u. fedhiin Gooftaa hafee jiraata, innis amantoonni dhugaan hundinuu biyya lafaa irra kan jiran, akka misiritittii isaatti, sagalee isaa "Eeyyee ani dafee nan dhufa" kan jedhu dhaga'uudhaaf itti fufuu danda'u, garaa jaalalaa fi isa eeggattuun "Ameen kottu Gooftaa Yesus" jechuu itti fufuu dandeenya (Mul'ata Yohaannis 22:17,20).

Philip Nunn, Caamsaa 25, 2011
Source : www.philipnunn.com
Translator : Samnas Berhana
Ethiopia – Afaan Oromo